# nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan tokko dubbatanii akkas jedhani: «sun kan ta'u yeroo beekumsi baduuf dhihaatedha

Ziyaad bin Labiid irraa akka odeeffametti -Rabbii isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan tokko dubbatanii akkas jedhani: «sun kan ta'u yeroo beekumsi baduuf dhihaatedha» yaa ergamaa Rabbii osoo nuti qur'aana qaraanee ilmaan keenya qaraasisnuu, isaanis nu boodaan hanga guyyaa qiyaamaatti ilmaan isaanii qaraasisanii beekumsi akkamitti bada? jedheen, isaanis «haati kee si dhabde yaa ziyaad jechuun!, irra hubataa worra madiinaati jedheen si ilaalan ture, kunoo yahuudonnii fi nasaaraan tawraatii fi injiiliin qara'aa hin jiranuu, garuu immoo waan isaan lamaan keessa jirutti homaa hin hojjatanu!?».

[kanbirootiin sahiiha] [ibnumaajah odeesse]

nabiyyiin haala sahaabota isaanii gidduu taa'aa turaniin yerocha sana kan isa keessa ilmiin namoota keessaa kaafamuu fi fuudhamu dubbatani, ziyaadi bin labiid al-ansaariin -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ajaa'ibsiifachuun akkas jedhee nabiyyii -Rabiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-, beekumsi akkamitti kaafamee nu harkaa bada? dhugaan qur'aana qaraanee qomatti isa qabannee jirra; Rabbiinan kakadha! ofiifis isa ni qaraana, dubartoota keenyaa fi ilmaan keenya, akkasumas ilmaan ilmaan keenyaas ni qaraasifna, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ajaa'ibsiifataa akkas jedhaniin: haati kee si haa dhabdu yaa ziyaad! beektota madiinaa irraan si lakkaawan turee mitii! eegasii nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jechuun isaaf ibsani: beekumsa dhabuun qur'aana dhabuunii miti; garuu beekumsa dhabuun isaatti hojjachuu dhabuuni, kunoo tawraatii fi injiil yahuudaa fi nasaaraa bira jiraa mitii; sanumaan waliin isaan hin fayyanne, ergaa isaa irraas hin fayyadamne, inni waan baratanitti hojjachuudha.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee